

Dambii Lakk.161 /2005

DAMBII ITTIIN BULMAATA ABBOOTII ALANGAA MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA IRRA DEEBIIDHAAN FOOYYESSUUF BAHE

Abbaa alangaa mirgaa fi dirqama isaanii beekanii hojii isaanii iftoominaa fi itti gaafatatumummaan akka raawwatanii fi rakkolee adeemsaa raawwii hojii keessatti mudatan sirreessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa hojii irra jiru akkaataa qorannoo jijjirama bu'uura adeemsaa hojiitiin wal simsiisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Adeemsaa jijjirraa fi guddina sadarkaa abbootii alangaa waliin wal qabatee hanqinaalee mul'atan sirreessuun hojimaata ifaa fi itti gaafatatumummaa qabu dirriirssuun barbaachiisa ta'e waan argameef,

Akkaataa Labsii lakk. 163/2003 keewwata 65(2) tiin dambiin kanatti aanu bahee jira.

KUTAA TOKKO TUMAALEE WALIIGALAA

1. Mata Duree Gabaabaa

Dambiin Kun "Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe Lakk.161/2005 " jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Dambii kana keessatti:

1. **"Biirroo"** jechuun Biirroo Haqaa Oromiyaati.
2. **"Hoogganaa"** yookiin "**Abbaa Alangaa Waliigalaa**" jechuun Hoogganaa Biirroo Haqaa Oromiyaati.
3. **"Itti Aanaa Hogganaa"** yookiin "**Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa**" jechuun Itti Aanaa Hogganaa Biirroo Haqaa Oromiyaati.
4. **"Abbaa alangaa"** jechuun akkaataa Dambii kanaatiin ogummaa abbaa alangummaatiin akka tajaajilu nama muudame jechuu dha.
5. **"Sadarkaa abbaa alangaa"** jechuun bu'uura Dambii kanaa keewwata 4 jalatti tumameen sadarkaa abbaa alangaa itti muudamuu fi ramadamuu jechuu dha.

6. ”**Guddina sadarkaa olee**” jechuun abbaan alangaa tokko aanaa irraa gara sadarkaa abbaa alangaa godinaatti yookiin godina irraa gara sadarkaa abbaa alangaa Naannootti kan itti guddatu jeechuudha.
7. ”**Guddina sadarkaa dalgee**” jechuun abbaan alangaa tokko sadarkaa abbaa alangaa Dambii kana keewwata 4 jalatti tumame bu’ureeffachuun sadarkaa tokko irraa gara sadarkaa itti aanuutti kan itti guddatu jeechuudha.

3. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun Hoogganaa Biirroo, Itti Aanaa Hoogganaa Biirroo fi Sadarkaa Itti Aanaa Hoogganaatti nama muudameen alatti nama abbaa alangaa ta’ee muudame yookiin ramadame irratti raawwatiinsa ni qabaata.

4. Sadarkaa Abbaa Alangaa

Sadarkaan abbaa alangaa kanneen armaan gadii ta’aa.

1. Sadarkaan abbaa alangaa Naannoo sadarkaa 1^{ffaa} hanga sadarkaa 7^{ffaa} tti kan qabaatu ta’aa.
2. Sadarkaan abbaa alangaa Godinaa sadarkaa 1^{ffaa} hanga sadarkaa 6^{ffaa} tti kan qabaatu ta’aa.
3. Sadarkaan abbaa alangaa aanaa sadarkaa 1^{ffaa} hanga sadarkaa 5^{ffaa} tti kan qabaatu ta’aa.
4. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (3) sadarkaawan jiran Gumiin Waliigalaa qajeelfama Dambii kana raawwachiisuu baasuun fooyessuu ni danda’aa.

5. Ibsa Koornayaa

Dambii kana keessatti jechi koornaya dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

KUTAA LAMA

RAAWWII MUUDAMA ABBAA ALANGAA

6. Muudama Abbaa Alangaa

Namni kamiyyuu Abbaa Alangaa ta’ee muudamuuf leenjii hojii duraa Instituyutii Leenjii Ogeessota Qamolee Haqaa fi Qo’annoo Seeraatiin kennamu kan fudhatee xumure ta’uu qaba.

7. Muudama Abbaa Alangaa Raawwachuuf Ragaalee Dhiyaachuu Qaban

Namni abbaa alangaa ta’ee muudamu kamiyyuu ragaalee kanatti aanan dhiyeessuu qaba:

1. Ragaa barumsaa,
2. Instituyutii Leenjii Ogeessota Qamolee Haqaa fi Qo’annoo Seeraa irraa leenjii hojii duraa kan fudhate ta’uu isaa ragaa agarsiisu,
3. Dhaabbata fayyaa beekamti qabu irraa ragaa bu’aa qormaata fayyaa,
4. Ragaa yakka irraa bilisa ta’uu isaa mirkaneessu bu’a qorannoo mallatoo qubaa yookiin ashaaraa qaama ragaa kana kennuuf aangoo qabu irraa,

5. Ragaalee barbaachisaa gumiin murteessu kanneen biroo.

8. Itti Waamama Abbaa Alangaa

Abbaan alangaa sadarkaa kamiyyuu irratti argamu itti gaafatamaa dhiyoo isaatiif kan itti waamamu ta'a.

9. Kakuu Raawwachuu

1. Namni abbaa alangaa ta'ee muudamu kamiyyuu hojii jalqabuun dura Gumii Waliigalaa fuulduratti dhiyaatee kakuu itti aanu raawwachuu qaba.

Ani-----Biyyaa fi Naannoo kootiif amanamaa ta'uudhaan, heeraa fi seerota mootumma federaalaa fi naannoo kabajee kabachiisuuf seerota Mootummaan bahanii hojii irra jiranii fi fuulduratti bahan raawwachiisuun, ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'u hojjachuuf, itti gaafatamummaa hojii koo akkaataa seeraatiin qofa raawwachuu kabaja namummaa fi mirga namummaa eegsisuuf amanamummaadhaan, dhugaadhaan, tattaaffiidhaan, faayidaa dhuunfaa osoo hin barbaadin haqummaadhaan, sodaa yookiin loogii tokko malee hojii koo raawwachuu waadaa nan seena.

2. Kakuun raawwatame mallattoo abbaa alangaa kakuu raawwateen mallattaa'e galmee dhuunfaa abbaa alangichaa keessatti qabamee taa'uu qaba.

10. Haala Muudama Abbaa Alangaa fi Itti Gaafatamaa

1. Muudamnii abbaa alangaa, itti gaafatamaa waajjira haqaa aanaa, gaggeessaa adeemsa hojii waajjira haqaa aanaa fi godinaa Gumii waliigalaatiin kan raawwatamu ta'a.

2. Itti gaafatamaan waajjirralee haqaa godinaa Hoogganaa Birootiin dhiyaatanii Gumii Waliigalaatiin kan muudamu ta'a.

3. Gaggeessaan adeemsa hojii sadarkaa Biiroo Itti Aanaa Hoogganaa Birootiin dhiyaatee Hoogganaa Birootiin kan muudamu ta'a.

11. Muudama Abbaa Alangaa Haquu

Abbaan alangaa kamiyyuu ta'e jedhee yookiin dagannoodhaan ragaa sobaa dhiyessee yoo muudame, dhimmi kun yeroo abbaa alangaa ta'ee muudamu kan muudamuun hin dhorkisiisne ture kan jechisiisu yoo ta'e malee muudamni isaa Gumii Waliigalaa tiin ni haqama.

12. Itti Gaafatamaa Yookiin Abbaaa Alangaa Sababa Hojii Mootummaatiin Mana Hojii Mootummaatti Jijjiraman Yookiin Muudaman

Itti gaaafatamaa yookiin abbaa alangaa sababa hojii mootummaatiin mana hojii mootummaa birootti jijjirame yookiin muudame gara Biiroo deebi'uuf fedhii yoo qabaate haalli naamusa isaa qulqulla'a'ee iddo hojii banaa jirutti deeb'ee akka ramadamu Gumiin Waliigalaa murteessuu ni danda'a; haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

KUTAA SADII

GUDDINAA FI JIJJIRRAA ABBAA ALANGAA

13. Qajeeltoo Guddina Sadarkaa

Guddinni sadarkaa abbaa alangaa dorgommii irratti hunda'ee kan raawwatamu ta'a.

14. Gosa Guddina Sadarkaa

1. Guddinni sadarkaa abbaa alangaa gosa lama kan qabu ta'ee, guddina sadarkaa olee fi guddina sadarkaa dalgee jedhama.
2. Guddinni sadarkaa olee abbaa alangaa gita hojii banaa sadarkaa Biiroo fi godinnaa irra jiru guutuuf abbootii alangaa dorgomsiisun kan raawwatamu ta'a.
3. Guddinni sadarkaa dalgee akkaataa dambii kana keewwata(4) jalatti sadarkaa abbaa alangaa tumameen yeroo turmaata waggaa lama lamaan dorgomiidhaan kan raawwatamu ta'a.

15. Ulaagaa Guddina Sadarkaa

Guddinnii sadarkaa ulaagaa armaan gadii irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a.

1. Bu'aa madaallii raawwii hojii,
2. Qulqulliina kuusaa galmee dhuunfaa,
3. Sadarkaa baruumsaa, fi
4. Muxannoo hojii.

16. Qajeeltoowwan Bu'uura Jijjirraa

1. Abbaan alangaa iddo hojii tokko irraa gara bakka hojii kan birootti yookiin gita hojii tokko irraa gara gita hojii kan birootti sadarkaa fi faayidaan isaa osoo hin hir'atin jijjiramee akka hojjatu kan taasifamu hojiif barbaachisaa ta'uu isaa ilaaluun yookiin gaaffii jijjirraa abbaan alangichaa dhiyeessuun ta'a.
2. Abbaan alangaa yoo xiqaate waggaa lama osoo hin tajaajilin gaaffii jijjirraa dhiyeessuu hin danda'u.
3. Keewwata kana keewwata xiqaat (2) jalatti kan tumame jiraatuyyuu sababa addaatiin abbaan alangaa bakka itti ramadametti waggaa lamaaf osoo hin tajaajilin jijjiramuu ni danda'a.
4. Jijjirraan akkaataa keewwata kana keewwata xiqaat (1) tiin raawwatamu baayi'ina hojii, tajaajilaa fi iddo abbaan alangichaa itti hojachaa ture tilmaama keessa galchuu qaba.
5. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqaat (1) tiin jijjirraan Abbaa Alangaa karooraan raawwatamu qaba.
6. Iyyanni jijjirraa abbaa alangaa barreffamaan dhiyaachuu qaba.

17. Gosa Jijjirraa

1. Gostii jijiirraa abbaa alangaa jijiirraa idilee fi jijiirraa addaa ta'a.
2. Jijiirraan idilee waggaatti yeroo tokko karoora irratti hundaa'ee kan geggeeffamu ta'ee iyyata abbaa alangaatiin yookiin kaka'umsa Biirroo yookiin godinaatiin kan raawwatamu ta'a.
3. Jijiirraan addaa yeroo jijiirraa idilee osoo hin eeggatin kan raawwatamu ta'ee guyyaa gaaffiin dhiyaate irraa eegalee ji'a sadii keessatti kan raawwatamu ta'a.

18. Ulaagaa Jijiirraa Idilee

Jijiirraan idilee ulaagaalee armaan gadii irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a.

1. Fedhii humna namaa Biirroo yookiin godinaa yookiin aanaa,
2. Yeroo tajaajila,
3. Haala iddo itti hojjachaa ture,
4. Haala hawaasummaa, yookiin
5. Abbaan alangichaa bakka itti ramadametti waggaa shaniifi isaa ol kan ture yoo ta'e.

19. Ulaagaa Jijiirraa Addaa

Jijiirran addaa ulaagaawan armaan gadii irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a,

1. Rakkoo fayyaa ifatti mul'atu yookiin miidhaa qaamaa naannoo sanitti isa hojjachiisuu hin dandeessifne,
2. Rakkoo fayyaa boordii meediikaalaa hospitaala beekkamaatiin mirkanaa'e,
3. Sababa dhukkubaa yookiin du'aatiin maatii abbaa alangiichaa namni bulchu kan hin jirre ta'uu isaa yoo mirkanaa'e,
4. Walittii bu'iinsa hojii keessatti uumameen naannoo sanatti hojjachuu kan hin dandeenye ta'uu isaa yoo mirkanaa'e,
5. Sababa hojiitiin jijiirraa raawwachuun barbaachisaa ta'ee yoo argame yookiin
6. Hanqina naamusaatiin himata dhiyaate irratti hundaa'uun murtiin jijiirraa yoo kennname.

20. Sababa Iyyata Jijiirraa Fudhatama Dhabsiisu

Iyyatni jijiirraa abbaa alangaa sababoota armaan gadiitiin fudhatama dhabuu ni danda'a;

1. Dhimmi naamusa isaa qulqulaa'aa kan jiru yoo ta'e,
2. Adabbii naamusa cimaadhaan adabamee adabbii isaa kan hin xumurre yoo ta'e yookiin
3. Iddoo itti ramadametti yoo xiqlaate tajaajila waggaa lamaa kan hin kennine yoo ta'e.

KUTAA AFUR
HAALA HOJII
Kutaa Xiqqaa Tokko

Yeroo Hojii, Kaffaltii Beenyaa Miidhaa Fi Tajaajila Yaalaa

21. Yeroo Hojii Idilee

1. Guyyaa fi sa'aatiin hojii manneen hojii mootummaa yeroo hojii idilee abbootii alangaa irrattis raawwatiinsa ni qabaata.
2. Abbaan alangaa kamiyyuu sa'aatii hojii kabajuu qaba.
3. Abbaan alangaa kamiyyuu turee hojii kan seenu yoo ta'e yookiin dursee hojii dhiisee kan ba'u yoo ta'e yookiin sababa kamiinuu hojii isaa irraa yeroo hafu itti gaafatamaa dhiyoo isaatti beeksisuu qaba.

22. Hojii Yeroo Idileetiin Alaa

1. Itti gaafatamaa isaa hojichi ilaallatuun yoo ajajamee fi hojichi yeroo idilee keessatti hojjetamee kan hin xumuramne yoo ta'e, abbaan alangaa kamiyyuu yeroo hojii idileetiin ala hojjachuuuf dirqama qaba.
2. Abbaan alangaa hojii yeroo idileetiin ala hojjateef boqonnaan akka bakka buufamuuf yookiin kaffaltiin yeroo hojii dabalataa akkaataa seera bahuun akka kennamuuf ni taasifama.

23. Kaffaltii Beenyaa Miidhaa Yookiin Dhibee fi Tajaajila Yaalaa

Kafaltiin beenyaa miidhaa hojiirratti dhaqqabeef yookiin dhibee sababa hojiitiin dhufef yookiin tajaajiila yaalaa abbaan alangaa argachuu qabu bu'uura seera Hojjattoota Mootummaa Naanichaatiin kan raawwatamu ta'a.

Kutaa Xiqqaa Lama

Hayyama Boqonnaa

24. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Hayyama Boqonnaa Wagga

1. Hayyamni boqonnaa wagga kan kennamu abbaan alangaa yeroo murtaa'eef boqotee tajaajila isaa qalbii haaromfameen akka itti fufuu dandeessisuudhaaf.
2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee, abbaan alangaa haaraa muudame kamiyyuu wagga tokkoof osoo hin tajaajilin dura hayyama boqonnaa wagga argachuuf mirga hin qabu.

25. Guyyaa Hayyama Boqonnaa Wagga

1. Abbaan alangaa kamiyyuu hayyama boqonnaa wagga kaffaltii miindaa waliin argachuuf mirga qaba.

2. Hayyamni boqonnaa waggaa abbaa alangaatiif kennamu akkaataa armaan gadiittiin ta'a:
 - a. Abbaan alangaa waggaa 1 tajaajile hayyama boqonnaa waggaa guyyoota hojii 20 ni argata.
 - b. Abbaan alangaa waggaa tokkoo ol tajaajile tajaajila waggaa tokko tokkootiif guyyaan hojii tokko tokko irratti ida'amee hayyama boqonnaa waggaa ni argata; ta'us hayyamni boqonnaa bara bajataa tokko keessatti kennamuuf guyyoota hojii 30 caaluu hin qabu.
3. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin hayyamni boqonnaa waggaa abbaa alangaaf yemmuu shallgamu tajaajilli mana hojii mootummaa biratti yookiin dhaabbata misooma mootummaatti kenne lakka'amuuffi qaba.

26. Haala Kenniinsa Hayyama Boqonnaa Waggaa

1. Yeroon hayyama boqonnaa waggaa bara bajataa mootummaa naannichaa ta'a.
2. Hayyamni boqonnaa waggaa osoo addaan hin ciccitin yeroo tokkoon bara bajataa sana keessatti fudhatamuu qaba; ta'us sababa adda addaatiin hayyamni boqonnaa waggaa addaan ciccitee kennamuu ni danda'a.
3. Hayyamni boqonnaa waggaa kan kennamu hanga danda'ametti hojii Biirichaa fi fedhii abbaa alangaa madaaluudhaan sagantaa qophaa'u bu'uureffachuuudhaan ta'a.
4. Abbaan alangaa hayyama boqonnaa waggaa yeroo fudhatu miindaa isaa kan ji'a boqonnaa irra itti turu dursee fudhachuu ni danda'a.

27. Hayyama Boqonnaa Waggaa Dabarsuu

1. Abbaan alangaa bara baajataa tokkotti hayyama boqonnaa waggaa guutumaan guututti yookiin gartokkeedhaan kan hin fudhanne yoo ta'e hayyamni isaa gara bara itti aanutti ni darba.
2. Akkaata keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin haala tumameen alatti hayyamni boqonnaa waggaa guutumaan guututti yookiin gartokkeedhaan waggaa lamaa oliif kan hin fudhatamne yoo ta'e hafaa ta'a.

28. Hayyama Dhukkubaa

1. Abbaan alangaa sadarkaa kamiyyuu irratti argamu sababa dhukkubaatiin hojii hojjachuu kan hin dandeenye yoo ta'e hayyamni dhukkubaa ni kennamaaf.
2. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin hayyamni ibsame guyyaa jalqaba dhukkubichi quunname irraa eegalee ji'ota 12 jiran keessatti waliitti aansuudhaan yookiin yeroo adda addaatti kan fudhatame yoo ta'elée haala kamiiniyyuu ji'ota 8 caalu hin qabu.

3. Abbaan alangaa sadarkaa kamiyyuu irratti argamu waggoota 4 walitti aananii jiran keessatti hayyamni dhukkubaa kennameef walitti ida'amee ji'oota 12 caaluu hin qabu.
4. Akkaata keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin hayyamni dhukkubaa kennamu ji'oota afran calqabaa miindaa guutuu waliin ji'oota lamaan itti aanan miindaa walakkaa waliin fi ji'oota lamaan xumuraa immo mindaa malee ta'a.
5. Abbaan alangaa kamiyyuu sababa dhukkubaatiin yoo hojii irraa hafe Biirichi dhukkubsachuu isaa kan beeku yookiin beeksisuudhaaf humnaa ol yoo itti ta'e malee guyyaa itti aanutti Biiricha beeksisuu qaba.
6. Abbaan alangaa kamiyyuu sababa dhukkubaatiin walitti aansuudhaan guyyoota hojii 2 ol kan hafe yoo ta'e, ragaa mana yaalaa dhukkubsachuu isaa ibsu dhiyeessuu qaba.

29. Hayyama Dhukkubaa Hayyama Boqonnaa Wagga Irraa Hir'isuu

1. Abbaan alangaa kamiyyuu bara bajaataa tokko keessatti ragaa mana yaalaa dhukkubsachuu isaa ibsu osoo hin qabaatin sababa dhukkubaatiin guyyaan inni hojii irraa hafe walitti ida'amee guyyoota 6 ol yoo ta'e, yeroon guyyoota 6 ol jiru hayyama boqonnaa wagga irraa ni hir'ifama.
2. Abbaan alangaa bara baajataa keessatti hayyama boqonnaa wagga isa hafe kan hin qabaanne yoo ta'e yeroon guyyaa 6 ol jiru hayyama boqonnaa wagga bara baajataa itti aanu irraa hir'ifama.

30. Hayyama Da'umsaa

1. Abbaan alangaa dubartii taate,
 - a. Ulfa waliin sababa walqabateen akkaataa ogeessi fayyaa ajajuun mana yaalaatti ilaalamuuf hayyamni mindaa waliin ni kennamaaf;
 - b. Dahumsaan duratti boqonnaa akka fudhattu ogeessi fayyaa yoo ajaje boqonnaan mindaa waliin ni kennamaaf;
 - c. Yeroon dahumsaa guyyaa nan daha jettee tilmaamten dura guyyoota hojii walitti aanan 30 keessatti hayyama dahumsaan duraa akkasumas guyyaa itti deesse irraa eegalee guyyoota walitti aanan 60 keessaatti yoo ta'e, hayyamni da'umsaa mindaa waliin ni kennamaaf;
 - d. Hayyamni da'umsa dura fudhatte osoo hin dahin yoo dhume hanga guyyaa deessuutti guyyooni hojii boqonnaa irra turte hayyama boqonnaa bara baajataa sanatti qabdu irraa yookiin bara baajataa keessatti hayyama boqonnaa wagga kan hin qabne yoo ta'e hayyama boqonnaa wagga bara baajataa itti aanu keessaa kan bakka bu'u ni kennamaaf.

2. Abbaan alangaa haati warraa isaa deesse guyyoota hojii shaniif hayyama ni argata.

31. Hayyama Gaddaa

1. Abbaan alangaa kamiyyuu abbaan warraa yookiin haati warraa yookiin ijoolleen yookiin abbaan yookiin haati yookiin firri dhiigaa yookiin firri fuudhaa fi heerumaa hanga mana lammafaatti laakka'amu kan jalaa du'e yookiin namni biroo mana isaa keessatti du'ee reenfii mana isaatii kan bahe yoo ta'e, hayyamni gaddaa mindaa waliin guyyoota hojii walitti aanan 5 niif kennamaaf;
2. Abbaan alangaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) irratti kan ibsamaniin ala firri dhihoo yookiin michuun kan jalaa du'e yoo ta'e hayyamni gaddaa mindaan itti kaffalamu kan guyyaa hojii tokkoo ni kennamaaf; ta'us sababa kanaan hayyamni gaddaa keennamu wagga baajata tokko keessatti guyyoota hojii 6 caaluu hin qabu.

32. Hayyama Addaa

1. Abbaan alangaa kamiyyuu haallan armaan gadii tiif hayyama addaa kafaltii mindaa wajjiin argachuuf mirga qaba:
 - a. Fuudhaa fi heeruma yeroo raawwatu hayyama guyyoota hojii 5,
 - b. Barnootaaf kan galmaahe yoo ta'e, bara barnootichaaf galmaa'e keessatti guyyoota qormaataa hundaaf,
 - c. Mana murtii yookiin qaama aangoo qabu kan biroo irraa waraqaan waamichaa kan isa dhaqqabe yoo ta'e guyyoota barbaadameef,
2. Abbaan alangaa kamiyyuu sababni hayyama gaafateef yeroo murtaa'eef hojii isaa irraa addaan bahee barnoota biyya keessaa yookiin biyya alaatti hordofuuf yoo ta'ee fi barnoota isaa hordofee ennaa xumuru Biirichaaf tajaajila fooyya'aa akka kenu Gumiin waliigalaa yoo murteesse hayyama barnootaa kennuufii ni danda'a.

33. Hayyama Addaa Kaffaltii Malee

Abbaan alangaa kamiyyuu sababa gahaa ta'een hayyama addaa mindaan itti hin kaffalamne yoo gaafatee fi faayidaa Biirrichaa kan hin miine ta'ee yoo argame Hoogganaan Biiroo hayyamuufii ni danda'a.

34. Hayyama Malee Hojii irraa Hafuu

1. Abbaan alangaa kamiyyuu osoo hayyama hin fudhatin hojii irraa kan hafe yoo ta'e mindaan isaa guyyoota hojii irraa itti hafee shallagamee akka qabamu tarkaanfin barbaachisaa ta'e ni fudhatama.

2. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin Abbaan alangaa sababa gahaa hojii irraa itti hafe yoo dhiyeesse yeroo hojii irraa hafe sanaaf miindaa guutuu yookiin gartokkee argachuu ni danda'a.

35. Akkaataa Hayyamni Ittiin Gaafatamu

Haalli humnaa ol ta'e yoo isa qunname malee abbaan alangaa kamiiyuu hayyama gaafachuu kan qabu barreeffamaan ta'a.

Kutaa Xiqqaa Sadii

Mindaa, Durgoo fi Faayidaalee Adda Addaa

36. Iskeelii Mindaa Durgoo fi Faayidaalee Adda Addaa

1. Abbootii alangaa sadarkaa adda addaa irratti ramadaman yookiin muudamaniif mindaan kaffalamu bu'uura iskeelii mindaa abbootii alangaatiin ta'a.
2. Gumiin Waliigalaal fooyya'iinsa iskeelii miindaa jijiirama diinagdee fi haawaasummaa yeroo yeroon uumamu xiinxaluudhaan yoo xiqqaate waggaa afur keessatti al-tokko irra deebi'ee qorachuun Mana Maree Bulchiinsa Naannichaatti ni dhiyeessa.
3. Durgoo fi fayidaalee adda addaa abbaa alangaatiif kaffalamu yookiin kennamu Gumii Waliigalaatiin qoratamee Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannootti dhiyeessuun kan murtaa'u ta'a.

37. Ka'umsa Mindaa

Abbaan alangaa haaraa ramadamu sadarkaa hojii irratti ramadameef mindaan ka'umsa sadarkichaaf murtaa'e ni kaffalamaaf.

38. Ka'umsa Mindaa Yeroo Guddina

1. Abbaan alangaa yommuu guddinni kennamuuf mindaan osoo hin guddatiin dura argachaa ture ka'umsa sadarkaa irratti guddatee gadi yoo ta'e mindaa ka'umsaa sadarkichaf murtaa'e ni argata.
2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee mindaan osoo hin guddatin argachaa ture mindaa ka'umsaa sadarkaa irratti guddateen ol' yookiin qixxee yoo ta'e mindaan isaa inni haaraan iskeelii mindaa argachaa turetti aanee jiru ta'a.

39. Sadarkaa Hojii Walfakkaataatti Yeroodhaaf Ramadamuu

Abbaan alangaa hojii irra jiru irraa gara hojii wal-fakkaataa birootti yeroodhaaf yoo ramadamu mindaa fi sadarkaan isaa kan kanaan dura qabu ta'a.

40. Sadarkaa Hojii Ol'aanutti Yeroodhaaf Ramadamuu

1. Abbaan alangaa kamiiyuu gara sadarkaa hojii ol aanutti yeroodhaaf kan ramadamu yoo ta'e mindaan duraan argachaa ture hin jijjiramu.

2. Abbaan alangaa kamiiyuu gara sadarkaa hojii ol aanutti yeroodhaaf ramadamee turuu kan danda'u wagga tokko qofaaf ta'a.
3. Yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti tumamee ol abbaan alangaa yeroodhaaf ramadamee ture garaagarummaa mindaa argatuu fi kan iddichaaf ramadame keessaa dhibbeentaa 50 ni argata.

41. Sadarkaa Irraa Gadi Bu'uu

Abbaan alangaa kamiiyuu adabbii balleessaa namusaatiin yookiin raawwiin hojii isaa gahaa yoo ta'uu baate fi leenjiin gahumsa ciimsuu fi deeggarsi barbaachisaa ta'e godhameefii kan hin fooyyofne yoo ta'e sadarkaa irra jiru irraa akka gaadi bu'u Gumiin Waliigalaa yeroo murteessu akkuma haala isaatti mindaa ka'umsaa sadarkaa abbaan alangichaa gadi bu'ee irratti ramadame yookiin gulantaa mindaa ka'umsaatti aanee jiru irratti ni ramadama.

42. Dabalata Mindaa Yeroo Yeroodhaan Taasifamu

1. Dambii kana keessatti keewwattoota birootiin kan tumaman akkuma eegamanitti ta'ee abbaan alangaa tokko sadarkaa qabateef dabalata gulaantaa iskeelii mindaa keessatti ibsame wagga lama lamaan kan argatu,
 - a. Madaalliin raawwii hojii, naamusa gaarii fi gahumsi isaa gahaa ta'ee yoo argame fi
 - b. Mindaan isaa fiixee mindaa sadarkichaaf murtaa'e kan hin dabarre yoo ta'eedha.
2. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin hammi dabala mindaa tasifamus osoo murtiin daballii mindaa hin darbin dura mindaa abbaan alangichaa argachaa turee fi gulantaa mindaa itti aanee argatu gidduu garaagarummaa jiru ta'a.

43. Yeroo Turmaata Dabalata Iskeeliin Mindaa Ittiin Laakkaa'amu

Bu'uura Dambii kanaatiin daballiin iskeelii mindaa wagga lama lamaan kennamuuf yeroon turmaataa kan laakkaa'amu guyyaa abbaan alangichaa muudame yookiin dabala iskeelii dhumaargate irraa kaasee ta'a.

44. Bu'aa Muudamni Yeroo Turmaataa Dabalata Iskeelii Miindaa Irratti Qabaatu

Abbaan alangaa kamiiyuu mindaan sababa muudamaatiin argatu osoo muudamicha argachu baatee yeroo dabalataa isa itti aanutti gulantaa iskeelii mindaa argachu danda'u wajjiin wal-qixa yoo ta'e, yeroon turmaataa dabalata iskeelii itti aanuu muudamuun dura guyyaa dabalata argate irraa kaasee laakka'ama.

45. Sadarkaa Irraa Gadi Bu'uun Yeroo Turmaata Dabalataa Iskeelii Irratti Bu'aa Inni Qabaatu

Adabbii balleessaa namusaatiin yookiin raawwiin hojii isaa gahaa ta'uu dhabuun abbaan alangaa kamiiyuu sadarkaa dura qabate irraa kan gadi bu'e yoo ta'e yeroon turmaata dabalata iskeelii guyyaa gadi bu'e irraa kaasee laakka'ama.

46. Raawwii Dabalata Iskeelii Mindaa

1. Biiroon daballii mindaa abbootii alangaa Naannoo fi Godinaa tiif gaafatu baajata Biirichaa wajjin Biiroo Mallaqaa fi Misooma Dinagdee Oromiyaatiif ni dhiyeessa.
2. Waajirri haqaa aanaa daballii mindaa abbootii alangaa aanaatiif gaafatu baajata waajirichaa wajjiin Waajjira Mallaqaa fi Misooma Dinagdee Aanichaatiif ni dhiyeessa.

47. Akkaataa Kaffaltii Mindaa

1. Mindaan abbaa alangaa kan kaffalamu dhuma ji'aa irratti abbaa alangichaatiif yookiin bakka bu'aa isaatiif ta'a.
2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee abbaan alangichaa boqonnaa waggaa kan bahe yoo ta'e, ji'a boqonnaa bahuuf mindaan dursee ni kaffalamaaf.

48. Mindaa Kutuu

1. Mindaan Abbaa Alangaa kan kutamu:
 - a. Waliigaltee inni raawwateen,
 - b. Ajaja mana murtiitiin yookiin,
 - c. Sababa gahaa malee hojiirraa hafuun,
 - d. Murtii adabbii naamusaa GumiiWaliigalaatiin kennameen ta'a.
2. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b) tiin mindaan Abbaa Alangaa kutamu mindaa ji'aa irraa harka sadii keessaa harka tokko hin caalu.
3. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(c) tiin mindaan Abbaa Alangaa akka kutamu kan ajaju sadarkaa Biirootti Hooggana Biiroo, sadarkaa Godinaatti itti gaafatamaa Waajjira Haqaa Godinaa fi sadarkaa Aanaatti itti gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaatiin ta'a.

Kutaa Xiqqaa Afur

Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa

49. Akkaataa Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa

1. Madaalliin raawwii hojii Abbaa Alangaa bu'uura seera mootumman baaseen yookiin qajeelfama Gumiin Waliigala basuun kan raawwatamu ta'a.
2. Abbaan alangaa madaallii raawwii hojii guutameef ilaaluuf mirga qaba.

50. Haala Qabiinsa Ragaa Madaallii Raawwii Hojii

Ragaan madaallii raawwii hojii Abbaa Alangaa galmeed dhuunfaa abbaa alangaa keessatti wal-qabatee taa'uu qaba.

Kutaa Xiqqaa Shan

Iyyannoo

51. Yaada Bu'uuraa

1. Abbaan alangaa kamiyyuu miidhaa irra gahu ilaachisee iyyannoo dhiheeffachuuf mirga qaba; ta'us iyyannicha dhiheeffachuu kan danda'uu yeroo miidhaan narra gahe jedhu irraa kaasee yoo xiqaate erga sa'atiin 24 darbee booda ta'a; iyyannoonaan barreeffamaan ta'ee itti gaafatamaa dhiyoo isaatti dhiyaachuu qaba.
2. Abbaan alangaa kamiyyuu miidhaa irra gahu ilaachisee iyyannoonaan dhiyeessu guyyaa miidhaan narra gahe jedheerra kaasee guyyaa 30 keessatti ta'uu qaba.

52. Iyyannoo Qulqulleessuu fi Murtii Kennuu

1. Itti gaafatamaan iyyanni dhiyaateef guyyaa iyyannichi dhiyaate irraa kaasee guyyaa hojii walitti aanan 10 keessatti dhimmicha ilaalee murtii yookiin deebii barbaachisaa kennuu qaba.
2. Itti gaafatamaan iyyatni dhiyaateef daangaa yeroo keewwata kana keewwata xiqa (1) tiin tumame keessatti dhimmicha ilaalee murtii yookiin deebii barbaachisaa kan itti hin kennine yoo ta'e yookiin abbaan alangaa iyyatu sun murticha kan komatu yoo ta'e komii isaa guuyyoota hojii 15 keessatti ittigaafatamaa ol-aanaa sadarkaa itti aanu jirutti dhiyeeffachuun ni danda'a.
3. Akkataa keewwata kana keewwata xiqa (2) tiin itti gaafatamaa ol-aanaan guyyaa hojii iyyanni dhiyaateef irraa eegalee guyyoota 10 keessatti murtii kennu qaba.
4. Akkataa keewwata kana keewwata xiqa (3) tiin murtii kennamu irratti Abbaan Alangaa komii qabu yookiin yeroo ka'ame keessatti murtii kan hin arganne yoo ta'e, ji'a tokko keessatti Hoogganaa Biirrootiif dhiyeessuu ni danda'a; murtiin Hogganaan Biirroo kennu isa dhumaan ta'a.

Kutaa Xiqqaa Jahaa

Leenjii fi Barnoota

53. Leenjii kennuu

1. Biirroon abbaan alangaa haaraa muudameef gurmaa'ina fi sirna hojimaata mana hojichaa ilaachisee hubannoo waliigalaa akka qabaatan leenjii kennuu ni danda'a.
2. Biirroon dandeettii raawwachiisumma Abbotiin alangaa cimsuuf leenjii ni kenna; akka kennamu ni taasisa.

54. Carraa Barnootaa Kennuu

Biiroon kaka'umsa isaatiin yookiin gaaffii abbaa alangaatiin sadarkaa barumsa isaa akka fooyeffatu carraa barnootaa kennuufii yookiin hayyamuufii ni danda'a.

55. Dirqama Abbaa Alangaa Leenjiifamuu yookiin Baratuu

1. Abbaan alangaa kamiyyuu:
 - a. Sagantaa leenjii biirichi qopheessurratti fedhii guutuudhaan hirmaachuuf,
 - b. Murtii Biirichaatiin gosa leenjii itti ergame jijiiruu yookiin dheeressuuf yeroo barbaadu dursee Biiroo hayyamsiisuu,
 - c. Deggarsa Biirootiin leenjiii yookiin barnoota yeroo dheeraa leenjii'e yookiin barate ogummaa leenjii'een yookiin barateen yoo xiqaate hanga dachaa dheerina yeroo leenjichaa yookiin barnoota itti baratetti Biiroo tajaajiluuf dirqama qaba.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa(1)(c) jallatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, abbaan alangaa leenjii fudhate yookiin barnoota barate Biiricha tajaajiluu kan hin dandeenye yoo ta'e, mindaa yeroo leenjii yookiin barnootaa keessatti kaffalameef dabalatee baasii leenjichaaf yookiin barumsiichaaf bahe kafaluuf dirqama qaba.

KUTAA SHAN

TAJAAJILA ADDAAN KUTUU

56. Feedhiidhaan Hojii Gadhiisuu

1. Abbaan alangaa kamiyyuu yeroo barbaadetti fedhii isaatiin hojii gadidhiisuu ni dandaa'a.
2. Hojii feedhiidhaan gadhiisuuf iyyatni dhiyaatu abbaa alangichaa guyyaa itti hojii dhaabuu barbaade ji'a tokko dursee barreffamaan dhiyaachu qaba.
3. Hojin ni miidhama jedhamee yoo itti amaname guyyaa abbaan alangaa gadhisuu barbaade yeroo ji'a tokko hin caalleef Hoogganaan dheereessuu ni dandaa'a.
4. Abbaan alangaa tokko sababa kamiiniyyuu Biiroo yoo gaddhiise haala tajaajila isaa kan ibsu waraqaan ragaa kamiyyuu argachuuf mirga ni qaba.
5. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jallatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, abbaan alangaa kamiyyuu fedhii isaatiin hojii gadidhiisuu qabeenya yookiin idaan Biriichaa kan irra hin jirre ta'u qaba.
6. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin gaaffiin yoo dhiyaate waraqaan ragaa hojii gadhiisuu kennamu qabxiilee armaan gadii of-keessaa qabaachuu qaba,
 - a. Yeroo tajaajjilli itti calqabeefi itti addaan cite,
 - b. Sababa hojii itti gadidhiise,

- c. Bara tajaajila isaanii fi bu'aa gamaaggama raawwiin hojii maal akka fakkaatu ragaa ifatti ibsu fi
- d. Abbaan alangaa bara tajaajila yeroo yeroon sadarkaa gulantaa hojii qabanii turanii fi mindaa isaanii kan ibsuudha.

57. Sababa Umurii Sooramaatiin Tajaajila Addaan Kutuu

1. Haalli Abbaan alangaa umuriidhaan sooramaan hojiirraa itti dhaabbatu haala Seera Sooramaatiin ta'a.
2. Umuriin sooramaa gahee yookiin umuriin osoo hin gahin abbaan alangaa soorama bahu mirgaa fi dirqamni isaa akkaataa seera sooramaatiin raawwatama.
3. Abbaan alangaa kamiyyuu dhuma guyyaa ji'a umuriin soorama seeraan murtaa'e erga gahee eegalee adeemsa dabalata addaa malee tajaajilli isaa akka dhaabbatu taasifamuu qaba.
4. Abbaan alangaa soorama bahuu isaa ji'a sadi dura barreeffamaan akka beeku taasifamuu qaba. .

58. Sababa Dhukkubaatiin Tajaajila Addaan Kutuu

Dambii kana keewwata 31 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, abbaan alangaa dhukkuba irraa fayyee hojiisaa itti fufuu hin dandeenye tajaajilli isaa akka addaan citu ni taasifama.

59. Gulantaan Hojii Abbootii Alangaa irratti Ramadaman Sababa Haqameen Tajaajila Addaan kutuu

Gulantaan hojii abbaan alangaa irratti ramadame yoo haqame tajaajilli addaan cituu kan danda'u yoo ta'u, haalli raawwii isaa qajeelfama Mootummaa fi Gumiin waliigalaa baasuun kan raawwatamu ta'a.

60. Sababa Dandeettii Gad-Aanaa Ta'een Tajaajila Addaan Kutuu

Raawwiin hojii abbaa alangaa tokko gad-aanaa ta'ee yoo argame fi leenjiin dandeetti isaa cimsu kennameefii kan hin fooyoofne yoo ta'e bu'uura gabaasa dhiyaatuun akeekkachiifini ji'a tokkoo kennameefii tajaajilli isaa addaan kan citu ta'ee, haallii raawwii isaa qajeelfama Gumiin waliigalaa baasuun kan raawwatamu ta'a.

61. Sababa Adabbii Yakkaatin Tajaajila Addaan Kutuu

1. Abbaan alangaa tokko mana murtii aangoo qabuun murtii isa dhumaa ta'een adabbii hidhaa ji'a jahaa gadi hin taaneen kan adabame yoo ta'e akkeekachiisa kennuu osoo hin barbaachifne akka tajaajilli isaa addan citeetti ni lakkaa'ama; abbaan alangichaa tajaajilli isaa addaan cituu isaa kan mirkaneessu xalayaan akka gahu taasifamuu qaba.

2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee Abbaa Alangaa adabbiin isaa hidhaa ji'a jahaa gadi itti murtaa'e Gumiin Waliigala akka hojitti deebi'u murteessuu ni danda'a; kafaltiin mindaa yeroo Mana Sirreessaa keessa turee hin kaffalamuuf.

KUTAA JAHA

NAAMUSA OGUMMAA ABBOOTII ALANGAA

62. Amanamummaa

Abbaan alangaa kamiyyuu humnaa fi dandeettii qabuun amanamummaadhaan mootummaa fi ummata tajaajiluuf dirqama qaba.

63. Naamusa Gaarii

1. Abbaan alangaa kamiyyuu kabajaa fi amantaa ummatichaa akka argatu mana hojii isaa keessattis ta'ee mana hojii isaatiin alatti yeroo kamiyyuu haalaa fi naamusa gaarii qabaachuu ,fi
2. Yeroo kamiyyuu kabaja ogummaa isaa eegsisuuf kan isa barbaachisu hunda guutee argamuu qaba.

64. Qajeelfama Fudhachuu

1. Abbaan alangaa kamiyyuu hojii idilee irratti ramadame ta'ee hojii biroo kennamuuf dandeetti fi beekumsa qabuun raawwachuuf dirqama qaba.
2. Qajeelfamni ifaan seeraan ala yoo ta'e malee abbaan alangichaa itti gaafatamaa olii-irraa qajeelfama kennamuuf raawwachuu qaba; itti gaafatamaan olii seerummaa qajeelfamichaah haala kamiin-iyyuu kenuuf itti gaafatamummaa ni qabaata.

65. Mirgaa fi Faayidaa Kabachiisuu

1. Abbaan alangaa hojiwwan inni raawwatu walumaagalatti faaydaa uummataa guutuu kan ilaallatu ta'uu isaa yeroo kamiyyuu dagachuu hin qabu.
2. Abbaan alangaa mirga namoomaa fi kabaja namootaa tuuu hin qabu.

66. Iccitii Eeguu

Abbaan alangaa kamiyyuu:

1. Odeeffannichi akka salphaatti kan ilaalamu yookiin ummata biratti kan beekame yoo ta'e, yookiin hojii idilee isaa karaa seeraan raawwachuudhaaf yoo barbaachisaa ta'e malee odeeffannoo sababa hojii isaatiin yookiin haala biraatiin argate nama kamiifuu ibsuu hin qabu.

2. Itti gaafatamaa aangoo qabuun qixa ta'uu maluun yoo ajajame maalee, odeefannoowwan haala hojiitiin icciitii jedhaman, dhimmoota iciitii ta'an hunda nama dhimmicha beekuun kan hayyamameef yoo ta'e malee nama biraan kamiifuu ibsuu hin qabu.

67. Maallaqa Liqueeffachuu

Abbaan Alangaa nama dhimma isa biraan qabu irraa maallaqa liqueeffachuu yookiin liqueeffachuuf yaaluu hin qabu.

68. Kennaawwan

Abbaan Alangaa kamiyyuu haala hojii isaa wajjin walqabateen tajaajila kenne yookiin gara fuulduraatti kennuuf gatii nama kamiyyuu irraa gaafachuu yookiin fudhachuu hin qabu.

69. Walitti Bu'iinsa Faayidaa

Abbaan alangaa kamiyyuu dhimmi dhuunfaa yookiin faaydaan mataa isaa, kan firoota isaa yookiin kan hiriyoota isaa hojiisaa wajjin yookiin sababa hojii isaatiin dhimma ummataa yookiin dhuunfaa qabate wajjiin kan walitti bu'u ta'ee ennaa argamu, kanuma itti gaafatamaa dhiyootiif beksisuudhaan dhimmichi abbaa alangaa biraatiin akka ilaalamu iyyachuu qaba.

70. Meeshaa Mana Hojichaatiin Fayadamuu

Abbaan alangaa hojii biirichaa raawwachuuuf qofa meeshaalee adda addaa mana hojichaatiin fayadamuu ni danda'a.

71. Manneen Hojii fi Dhaabbilee Birootiiif Hojjachuu

1. Abbaan alangaa kamiyyuu:

- a. Yeroo hojii idilee humnaa fi dandeettii isaa mara hojii mana hojichaai irra oolchuu qaba; ta'us barbaachisaa ta'ee yammuu argamu fi itti gaafatamaa isaa irraa bareeffamaan ennaa ajajamu mana hojii fi dhaabbata misooma mootummaa birootiif hojjachuu qaba.
- b. Hojii alaa tajaajila mana hojichaatiif kennuu kan hir'isu yookiin hojii fi itti gaafatamummaa isaa kennameef faallaa kan ta'e yookiin naamusaa oogummaa isaa wajjin wal hin simne hojjachuu dhorkaadha.

2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, abbaan alangaa kamiyyuu yeroo boqonnaa isaa hojii biroo oogummaa isaa wajjin kan wal hin faalleesine hojjachuu ni danda'a.

KUTAA TORBA

GALMEE DHUUNFAA ABBAA ALANGAA GURMEESSUU

72. Galmee Dhuunfaa fi Kaardii Abbootii Alangaa

1. Biiroon tokkoo tokkoo abbaa alangaatiif galmee fi kaardii dhuunfaa addaa akka qabaatan gochuu qaba.
2. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin galmeen dhuunfaa qophaa'u, iyyata abbaan alangichaa qaxaramuuf ittiin gaafate, xalayaa ittiin qaxarame, ragaa mana yaalaa (medical certificate) ragaa yakka irraa bilisa ta'uu, uunka seenaa jirenyaa, gabaasa madaallii raawwii hojii, xalayaa guddina sadarkaa fooyya'insa mindaa, fi barreffama murtii adabbii balleessaa naamusaa, xalayaa hojii irraa ittiin gaaggeeffamee fi ragaalee biroo kan kana fakkaatan hundaakkuma haala dhimmichaatti orijinaala yookiin garagalcha isaa qabaachuu qaba.
3. Kaardiin dhuunfaa abbaa alangaa dhimmoota odeeffannoongurguddoo galmee dhuunfaa abbaa alangichaa irraa funaanaman qofti kan irratti galmaa'an ta'a.

73. Odeeffannooyookiin Ragaa Dhuunfaa Qorachuu

1. Abbaan alangaa kamiyyuu galmee dhuunfaa isaa mana hojichaatti argamu keessaa odeeffannooyookiin ragaalee jiran gaafatee ilaaluudhaaf yookiin garagalfatee fudhachuudhaaf mirga qaba.
2. Bulchiinsa abbaa alangaa Biirichaa yookiin hojjataa kaardii fi galmee dhuunfaa abbaa alangaa yoo ta'e malee hojjattooni Biirichaa yookiin Biirichaan alatti argaman galmee dhuunfaa abbaa alangaa qorachuu yookiin ilaaluu kan danda'an Hoogganaa Biirootiin barreffamaan yoo hayyamame qofaadha.
3. Haala keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) tiin ala ragaa yookiin odeeffannooyookiin galmee dhuunfaa abbaa alangaa keessatti walqabatee taa'uu qabu akka abbaan alangichaa ilaaluu hin dandeenyeen kaa'uun yookiin abbaa alangichaa miidhuudhaaf yookiin fayyaduudhaaf yaaduudhaan ragaa yookiin odeeffannooyookiin akkasii galmee keessaa baasuun dhorkaa dha.
4. Osso abbaan alangaa hin beekin ragaa barreffamaa galmee dhuunfaa isaa keessa kaa'uun dhorkaa dha.

KUTAA SADDEET
NAAMUSA ABBOOTII ALANGAA
Kutaa Xiqqaa Tokko
Garee Inispeakshinii

74. Hundeeffama Garee Inispeakshinii

1. Gareen Inispeakshinii sadarkaa Naannoo fi Godinaa dambii kanaan hundeefamee jira.
2. **Itti waamamnii Gareen Inispeakshinii Naannoo Hoogganaa Birootiif ta'ee garee inspeakshinii godinaa itti gaafatamaa waajjira haqaa godinaatiif ta'a.**

75. Aangoo fi Hojji Garee Inispeakshinii Naannoo

1. Komiiwwan hanqiina naamusaa ilaachisee odeefannoon yookiin iyyannoон yommuu isa dhaqqabe yookiin kaka'umsa ofii isaatiin bira gahee ni qulqulleessa.
2. Qorannoo gaggeeffameen dhimmichi kan himachiisuu fi aangoo Gumii Waliigalaal yoo ta'e himata dhiyeessee ni falma; **ol'iyyata ni gaafata.**
3. Dhimmichi iyyannoон irratti dhiyaate aangoo Garee Inspeakshinii Naanno kan hin taane ta'u **sadarkaa iyyannoоо irratti** yookiin **erga qulqulleessee booda yoo beeke** gara garee Inspeakshinii Godinaatti ni erga.
4. Iyyata dhiyaate yookiin qorannoo gaggeeffame irraa dhimmichi kan himachiisuu miti jedhee yoo amane galmeey cufee hogganaa Biiroo fi abbaa alangichaa ni beeksisa.
5. Caasaalee Biiroo sadarkaa sadarkaan jiran keessatti hanqina naamusatiif sababoota madda ta'an irratti qorannoo gaggeessuun yaada furmaataa ni dhiyeessa.

76. Aangoo fi Hojji Garee Inispeakshinii Godinaa

1. Waajira Haqaa Godinaa fi anaalee keessatti sababoota madda hanqina naamusaa ta'an irratti qorannoo geggeessuun yaada furmaataa ni dhiyeessa.
2. Naamusa abbaa alangaa godinaa fi aanaa irratti komiin yoo dhiyaate yookiin kaka'umsa mataa isaatiin ni qulqulleessa.
3. Iyyannoоо yookiin komiin dhiyaate hanqina naamusaa ta'u wantii agarsiisu jiraachuu isaa yoo amanee fi **aangoo isaa yoo ta'e** qorannoo ni gaggeessa; dhimmichi kan himachiisuu yoo ta'e gumii godinaa irratti himata dhiyeessee ni falma; murtii kenname irratti komii yoo qabaate ol'iyyata ni gaafata.
4. Qorannoo geggeeffameen dhimmichi kan himachisuu miti jedhe yoo itti amane galmeey cufee iittigaafaatama waajjira haqaa godinichaa, Garee Inspeakshinii Naannoo fi abbaa alangichaa naamusaa himatameef ni beeksisa.

- Iyyata dhiyaate irraa yookiin qorannoo geggeeffameen hanqinni naamusaa mul'ate cimaa ta'u **yoo hubate iyyaticha** yookiin **galmee qorannoo** garee Inispeekshinii Naannootiif ni dabarsa.



Kutaa Xiqqaa Lama

Balleessaa Naamusaa, Adabbii Fi Aangoo Adabbii Murteessuu

77. Kaayyoo fi Raawwii Adabbii Naamusaa

- Kaayyoon bu'uuraa adabbii naamusaa abbaan alangichaa balleessaa raawwate irraa akka of-sirreessuu fi gara fuulduraatti hojii isaa haala gaariidhaan bahuu akka danda'u barsiisuufiidha.
- Abbaan alangaa hojii isaarratti dagannoo argisiisu yookiin hir'ina naamusaa kamiyyuu raawwatu balleessaa isaatiin seera hariroo hawaasaatiin fi seera yakkaatiin itti gaafatamni inni qabu akkuma eegametti ta'ee, adabbiawan dambii kanaan tumaman irratti ni raawwatamu.
- Hir'ina naamusatiin yookiin sababa balleessaa birootiin adabbiin murtaa'u murtii mana murtii irraa kennamu osoo hin eegin yookiin murtii kennname osoo hin hordofin raawwatamu ni danda'a.

78. Balleessaa Naamusaa



- Balleessaawan naamusaa ciccimoon kan armaan gaditti tarreeffamanii dha.
 - Matta'a fudhachuu, akka kennamuuf gaafachuu, nama biraatii akka kennamu taasiisuu,
 - Faayidaa argachuun hin malle ofiif argachuuf yookiin nama biraatiif argamsiisuuf yaaduudhaan waa'ilummaadhaan hojjachuu, yookiin amaallaajii ta'uu, yookiin loogiin hojjachuu,
 - Of yookiin nama biraafayyaduudhaaf ragaa barreeffamaan kaa'ame ta'e jedhee gara sobaatti geeddaruu yookiin ragaa sobaatiin fayyadamuu,
 - Falmii yakkaa dhaddacha irratti haala ogummaan irraa eeguun ciminaan falmuu dhabuu,
 - Ragaa yookiin ijoo dubbii seerummaa qabu ta'e jedhanii yookiin dagannoon keessaa hanbiisuun yookiin dhoksuudhaan haalli murtii akka jallatu gochu,
 - Ragaa fi ijoon dubbii ifa ta'e osoo jiruu keewwata hin madaalleen himata hundeessuu,
 - Sababa gahaa fi qabatamaa hin taaneen hojii lafa irra harkiisuu yookiin abbaa dhimmaa dhamaasuu,

- h. Namoota dhimma isa biraa qaban irraa maallaqa liqeeffachuu,
 - i. Baala sammuu namaa adoochu yookiin araada nama qabsiisutti fayyadamuu yookiin iddoowwan kabaja ogummaa isaa fi mana hojjiichaa salphisutti argamuu,
 - j. Machaa'anii hojii irratti yookiin daandii irratti argamuu yookiin mana dhuugaatiii keessatti jeequmsa yookiin loola kaasuu,
 - k. Sababa gahaa hin taaneen yookiin hayyama malee dadeebisanii hojii irraa hafuu,
 - l. Bakka hojiitti gochoota hamilee yookiin safuu fi naamuusa gaariitiif faallaa ta'an raawwachuu,
 - m. Aangoon seeraan ala fayyadamuu,
 - n. Iccitii mana hojjiichaa baasuu,
 - o. Ta'e jedhamee qabeenya mana hojichaa irra miidhaa dhaqqabsiisu,
 - p. Hojii yookiin qajeelfama ifaa fi seera qabeessa ta'e itti gaafatamaa isaa olii irraa kennameef sababa gahaa malee fudhachuu dhiisuu yookiin hojii irra oolchuu dhabuu,
 - q. Namoota isa wajjin hojjatan waliin waliigalteen hojjechuu dadhabuudhaan hojiirratti miidhaa dhaqqabsiisuu yookiin bakka hojiitti jeequmsa kaasu yookiin wal-reebuu yookiin wal arrabsuu yookiin abbaa dhimmaa ifachuu, arrabsuu fi kabaja isaanii tuquu.
 - r. Dhaddacha irraa hayyama malee hafuu,
 - s. Galmee qorannoo yookiin kan abbaa alangaa gatuu yookiin dhoksuu yookiin ragaan **gahaan osoo jiru galmee cuufuu** yookiin himata araaraan ka'uu hin qabne kaasuu yookiin nama himatamuu hin qabne himachuu,
 - t. To'annoo fi hordoffii gahaa ta'e gochuu dhabuudhaan hojii fi abbootii dhimmaa irra miidhaan akka gahu taasisuu,yookiin
 - u. Iyyannoo yookiin eeruu balleessaa namuusaa ilaachisee dhiyaate hordofuun akkaataa dambii kanaatiin tarkaanfii fudhachuu dhabuu, yookiin akka fudhatamu qaama ilaallatu beeksiisuu dhabuu yookiin dhoksuu,
 - v. **Gochoota armaan olitti ibsaman waliin kan wal-gitu gocha biroo raawwachuu**
2. Kan armaan gadiitti ibsaman balleesaawan naamusaa salphaa dha.
- a. Hojii dhuunfaa kabaja abbaa alangummaa fi mana hojjiichaa tuffachiisan hojjachuu,
 - b. Balleessaan naamuusaa cimaan raawwatamuu isaa osoo beekuu gabaasa gochuu dhabuu,
 - c. Hojjattoota gidduutti walitti buu'iinsi akka uumamu taasiisuu yookiin nama waliin hojjatu sobaan yakkuu,

- d. Walgahii yookiin mariin yemmuu gaggeeffamu namoota yaada kennan arabsuu yookiin kabaja isaanii tuquu yookiin salphiisuu yookiin waltajjii jeequu yookiin dhisanii bahu,
- e. Dhaddacha irratti ajaja kennamu fi haala falmii dhaddachaa sirriitti hordofuun barreessuu dhabuu,
- f. Leenjii yookiin seeminaara yookiin woorkishooppii manni hojiichaa akka irratti hirmaatu erge irratti sababa gahaa malee hirmaachuu diduu yookiin dhiisanii deemuu,
- g. Of- eeganno gochuun dhabuun yookiin dagannoodhaan qabeenya mana hojiichaa irraatti midhaa dhaqqabsiisuu,
- h. Gochoota armaan olitti ibsaman waliin kan wal-gitu gocha biroo raawwachuu

79. Adabbiawan Sababa Balleessaa Naamusaatiin Murtaa'an

- 1. Abbaan alangaa hir'ina naamusaatiin himatamee balleessaa kan qabu ta'ee yoo argame haala balleessaa isaatiin:
 - a. Of-eegganno afaanitiin,
 - b. Of-eeggano barreffamaatiin,
 - c. Adabbii mindaa ji'a lama hin caalleen,
 - d. Dhoorkaa dabala mindaa gulantaa tokkoon.
 - e. Sadarkaa mindaa fi hojii irraa gadi buusuun yookiin
 - f. Adabbiin hojii irraa gaggeessuu irratti murtaa'uu ni danda'a.
- 2. Keewwata kana keewwata xiqqa (1) (a) fi (b) jalatti adabbiawan tarreeffaman adabbiawan naamusa salphaa yoo ta'an, (c) irraa hangaa (f) tti kan tarreeffaman immoo adabbiawan naamusaa cimaa dha.

80. Aango Adabbi Murteessuu

Balleessaan naamusaa kamiiyyuu bu'uura sirna raawwii dambii kana irratti murtaa'een **seeraan qoratamee gumii aangoo qabuun** murtiin kan kennamu

- 1. Himanni balleessaa naamusaa cimaa ta'e kan ilaalamu Gumii Waliigalaatiin ta'a.
- 2. Himanni balleessaa naamusaa salphaa ta'e kan ilaalamu:
 - a. Abbootii alangaa godinaa fi aanaa irratti ramadaman kan ilaalu yoo ta'e gumii godinaatiin ta'a.
 - b. Abbootii alangaa Naannoo fi ittigaafatamtoota Waajjira Haqaa godinaa kan ilaalu yoo ta'e Gumii waliigalaatiin ta'a.

3. Sababa balleessaa naamusaa cimaatiin himatni abbaa alangaa godinaa yookiin aanaa Gumii Waliigalaatti dhiyaatee yammuu qulqulla'u, yoo balleessaa naamusaa salphaa ta'ee argame Gumiin **Waliigalaa offi isaatiif adabbii murteessuu** yookiin gumii godinaatti deebisuu ni danda'a.
4. Sababa balleessaa naamusaa salphaatiin himatni gumii godinaatiif dhiyaate balleessaa naamusaa cimaa ta'ee yoo argame Gumii Waliigalaatiif dabarsuu qaba.

81. Abbaa Alangaa Balleessaa Naamusaatiin Himatame Hojii irraa Dhorkanii Tursiisuu

1. Bu'uura dambii kanaatiin abbaan alangaa balleessaa naamusaa cimaa raawwateera jedhamee **gabaasni irratti yoo dhiyaatee** fi yoo hin dhorkamiin badii biroo yookiin **ragaa ni balleessa** jedhamee yoo yaadame xalaya Hoogganaa Birootiin barreffamuun hojii irraa dhorkamee akka turu ni taasifama; dhorkichis yeroo guyyaa 30 hin caalleef ta'a.
2. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin abbaan alangaa hojii irraa dhorkamu sababni dhorkameef barreffamaan akka ibsamuuf ni taasifama; abbaan alangaa hojii irraa dhorkame yoo qaaman argamu yookiin teessoon isaa beekamuu baate, xalayaan dhorkichaa gabatee beeksisa **bakka hojii isaatti argamu** irratti guyyoota kudhaniif(10) maxxanfamee turuu qaba.
3. Abbaan alangichaa hojii irraa dhorkame dhimmi isaa guyyoota shan (5) keessatti gumi aangoo qabutti dhiyaachuu qaba.

82. Yeroo Dhorkaa Dheeressuu

1. Dambii kana keewwata 81 keewwata xiqqaa (1) irratti yeroo daangaa murtaa'e keessatti murtii kennun yoo hin danda'amne Gumiin dhimmicha ilaalu yammuu gaafatu Hogganaan Biwoo yeroo dhorkichaa dabalataan gahaa jedhee tilmaame qofaaf dheeressuu ni danda'a.
2. Yeroon akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin dheeratu haala kamiiniyyuu guyyoota kudha shan (15) caaluu hin qabu.

83. Yeroo Dhorkaa Mindaa Qabuu

1. Abbaan alangaa tokko hojii isaa irraa kan dhorkame yoo ta'e yeroo hojii irraa itti dhorkamee turu hundaaf **mindaan isaa qabamu ni danda'a**; abbaan alangaa hojii irraa dhoorgame mindaan isaa akka qabamu ajaja bareeffamu ilaachisee dambii kana keewwata 82 irratti tumame sirreessi barbaachisaan irratti godhamee ni raawwatama.
2. Haalli dhimmicha yammuu madaalamu barbaachisaan ta'ee yoo argame gumiin dhimmicha qabate gaaffii dhiyeessuun Hogganaan Biwoo abbaa alangaa hojii irraa dhorkameef gartookkeen mindaa isaa akka kaffalamuuf hayyamuuf ni danda'a.

3. Balleessaa naamusatiin himatamee murtiin kennamu abbaa alangichaa kan hojiin ala isaa taasisu yoo ta'e mindaan yeroo hojii irraa yeroo dhorkamee hin kaffalamuuf; murtiin irratti murta'e kan hojiitti isa deebisiisu ta'ee yoo argame garuu mindaan yeroo turtii dhorkii isa jalaa qabamee ture guutuun isaa dhala malee ni kaffalamaaf.

Kutaa Xiqqaa Sadii

Haala Sirna Raawwii Naamusaa

84. Himata Dhiyeessuu

1. Yeroo balleessaan naamusaa rawwatamu himanni isaa Gumii aangoo qabutti kan dhiyaatu garee inispeekshiniitiin ta'a.
2. Akkaata dambii kanaatiin himannaan naamusaa abbaa alangaa irratti dhiyaatu
 - a. Himannichi Gumii Waliigalaatiif kan dhiyaatu yoo ta'e Garee Inispeekshinii Naannootiin ta'a;
 - b. Himannichi gumii godiinaatiif kan dhiyaatu yoo ta'e garee inispeekshinii godinaatiin ta'a.

85. Qabiyyee Himannaa fi Akkataa itti Ergamu

1. Abbaan alangaa himatni irratti dhiyaate himatichaaf deebii fi ragaa ittisaa dhiyeessuu akka danda'u tartiiba himatichaa barreffamaan qophaa'ee ragoolee isa irratti dhiyaatan, guyyaa deebii itti kenuu, sa'a fi bakka isaa kan ibsuu xalaya waamichaatiin akka isa dhaqqabu taasifamuu qaba.
2. Teessoon abbaa alangaa himatame wallalamuudhaan yookiin sababa birootiin barreffama himannaa himatamaatti kenuun yookiin postaadhaan erguun yoo dadhabame abbaa alangichaa irratti himannaan naamusaa dhiyaachuu isaa guyyaa, sa'atii fi bakka himannichi dhagahamu beeksifni ibsu gabatee beeksisa Biirichaa irratti maxxanfamee guyyaaa 15 akka turu taasifamuu qaba.



86. Himannaa Dhiyaate Qulqulleessuu

1. Gumiin himannaa naamusaa dhiyaateef qulqulleessuudhaaf ragaan barbaachisaan akka dhiyaatuuf ni taasisa.
2. Gumichi dhimma qabate akkaata seeraatiin qulqulleessuudhaan yaada murtii barbaachisaa ta'e irra gahuu akka danda'u abbaan alangaa naamusaa himatamee fi gareen inspeekshinii tokkoon tokkoon isaanii dhimma isaanii siritti akka ibsan gochuu ni danda'a.
3. Abbaan alangaa himanni barreffamaan erga isa dhaqqabee booda beellama duraattii guyyaa 10 keessatti dhiyaatee deebii kenuu yoo baate yookiin akkaataa keewwata **81**



keewwata xiqqaa (2) tiin beeksifni guyyaa maxxaanfame irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate gumichi bakka abbaan alangaa hin jirretti dhimmicha qoratee ni murteessa.

4. Abbaan alangichaa dhiyaatee falmuu kan hin dandeenye sababa humnaa ol ta'een ta'uu isaa ibsee Gumichi himannicha irra deebi'ee akka ilaaluuf gaafachuu ni danda'a.
5. Abbaan alangichaa qaamaan dhiyaatee falmii afaanii gaggeessuu ni danda'a.

87. **Murtii Gumii**

1. Himatni naamusaa abbaa alangichaa irratti dhiyaatee Gumii aangoor qabuun erga qulqulla'ee booda abbaan alangichaa dhimmi ittiin himatame guutummaadhaan yookiin **gartokkeedhaan ragaadhaan** kan mirkanaa'e yoo ta'e ulfina balleessichaa madaaluudhaan adabbiin naamusaa cimaan yookiin salphaan irratti ni murtaa'a. 
2. Gumiin murtii kenu himatamaa fi himataa ni beeksisa.
3. Murteen iddo himatamaan hin jirretti kennname gabatee beeksisaa irratti maxxanfamee guyyaa 15 niif akka turu ni taasifama.
4. Abbaan alangaa himata naamusaa irratti dhiyaateef baasiin inni falmichaaf baase dhunfaan kan haguugamu ta'a.

88. **Darbiinsa Yeroo**

1. Balleessaan naamusaa cimaan **guyyaa raawwatame** irraa kaasee abbaa alangaa balleessaa raawwate irratti himanni **waggaa lama** keessatti kan hin dhiyaanne yoo ta'e himannaan irratti dhiyaachuu hin danda'u.
2. Balleessaan naamusaa **salphaan guyyaa raawwatame** irraa kaasee abbaa alangaa balleessaa raawwate irratti himanni **waggaa tokko** keessatti kan hin dhiyaanne yoo ta'e himannaan irratti dhiyaachuu hin danda'u.

89. **Yeroo Rikkardii Adabbi Naamusaa**

1. Adabbiin balleessa naamusaa cimaa guyyaa murtaa'e irraa kaasee waggaa 2 booda akka rikardiittii abbaa alangichaa irratti hin qabamu.
2. Adabbiin balleessa naamusaa salphaa guyyaa murtaa'e irraa kaasee waggaa 1 booda akka rikardiittii abbaa alangichaa irratti hin qabamu.

Kutaa Xiqqaa Afur

Ol 'Iyyanno fi Murtii irra Deebiin Ilaaluu

90. **Mirga Ol'iyyannoo**

1. Gareen murtii gumii godinaa irratti moormii qabu ol-iyyannoo isaa Gumii waligalaatiif dhiheeffachuu ni danda'a.

- Murtiin gumii godinaatiin kennname guyaa murtiin kennname irraa kaasee guyaa 30 keessatti ol'iyyannoonaan dhiyaachu qaba.
- Ol-iyyannoonaan akkaataa keewwata kanaa keewwata xiqa (2) tiin hin dhihaanne fudhatama hin qabu; haa ta'u malee sababni humnaa ol ta'e yoo isa muudate akka hayyamamuuf **Hoogganaaf** iyyata dhiyeessuu ni danda'a.

91. Mirga Murtiin Irra Deebi'ame Ilaalamuu

- Abbaan alangaa naamusa cimaatiin himatamee adabbiin cimaan irratti murtaa'ee murtiin kennname Gumii Waliigalaatiin akka **irra deebi'ame ilaalamuuuf** iyyannoos isaa **Hoogganaaf** dhiyeeffachuu ni danda'a.
- Iyyannoonaan** murtiin irra deebi'amee akka ilaalamuuuf dhiyaatu guyaa murtiin kennname irraa kaasee guyyoota 30 keessatti dhiyaachuu qaba.
- Iyyannoonaan akkaataa keewwata kanaa keewwata xiqa (2) tiin hin dhihaanne fudhatama hin qabu; haa ta'u malee sababni humnaa ol ta'e yoo isa mudate akka hayyamamuuf Hoogganaaf iyyata dhiyeessuu ni danda'a.

92. Iyyata Ol-iyyannoos fi Murtiin Irra Deebi'ame Itti Ilaalamu

Iyyataan ol'iyyannoos isaaarratti yookiin iyyata murtiin irra deebi'ame akka ilaalamuuuf gaafatame irratti sababa murtii ol'iyyatni irratti gaafatame yookiin murtiin irra deebi'ame akka ilaalamuuuf gaafatame ijoo dubbii isaa addaan baasuudhaan fi dhimma akka fooyya'uuf yookiin akka geeddaramuuuf barbaadu ifaan iyyachuu qaba.

KUTAA SAGAL

GUMII BULCHIINSA ABBOOTII ALANGAA FI GAREE QULQULLEESSAA KOMII MURTII NAAMUSAA

93. Hundeeffaama

Gumii Waligalaa, Gumii Godinaa, fi Gareen Qulqulleessaa Komii Murtii Naamusaa Dambii kanaan hundeeffamanii jiru.

94. Miseensota Gumii Waliigalaa

- Gumiin waliigalaa miseensoota armaan gadii ni qabaata:
 - Hoogganaa Biirroo -----Walitti qabaa
 - Itti aanaa Hoogganaa Biirroo -----Itti aanaa Walitti qabaa
 - Geggeessaa Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu -----miseensa
 - Geggeessaa Adeemsa Hojii Qo'annoo fi Qophii Wixinee Seeraa----- miseensa

- e. Gaggeessaa Adeemsa Hojii Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa-----Miseensaa fi barressaa
 - f. Abbootii Alangaa naannoo fi Godinaalee keessaa kan **filataman** Abbootii Alangaa lama -----Miseensa .
2. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)(f) tiin Abootiin Alangaa miseensa gumii waliigalaa ta'anii filataman muxannoo hojiitiin, dandeettii ogummaatiin, bu'aa raawwii hojii qabaniin, tattaafiisaanitiin, amanamummaa isaaniitiin, haqummaa isaaniitii fi naamusa isaaniitiin maqaa gaarii kan qabanii fi Abbootii Alangaa biratti amantaa guddaa kan qaban ta'uu qabu.
 3. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (f) tiin Abbootii Alangaa filataman keessaa yoo xiqqaate tokko dubartii ta'uu qabdi.

95. Aangoo fi Hojii Gumii Waliigalaa

Gumiin Waliigalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1. Ramaddii, muudama, fi guddina sadarkaa Abbootii Alangaa irratti murtii ni kenna.
2. Ittigaafatamtoota waajjiraalee haqaa godinaa fi aanaa, fi geggeessitoota adeemsalee waajjiraalee haqaa goodinaa fi aanaa ni muuda; muudama irraa ni kaasa.
3. Jijiirraa Ittigaafatamtoota fi gaggessitoota adeemsa hojiii wajjiira haqaa godinaa fi aanaa, fi Abbaa Alangaa godina tokko irraa gara godina biraatti yookiin dhaddacha tokko irraa gara dhaddacha biraatti taasifamu ni raawwata.
4. Jijiirraa fi himata naamusaa ilaachisee murtii Gumiin Godinaa kenne irratti komii dhiyaate ilaalee ni murteessa.
5. Haala raawwii hojii fi naamusa Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa ol'aantummaan ni too'ata.

96. Miseensota Gumii Godinaa

1. Miseensooni Gumii Godinaa kan armaan gadii ta'u,
 - a. Itti gaafatamaa Waajjira Haqaa Godinaa-----walitti qabaa
 - b. Geggeessaa Adeemsa Hojii QorannooYakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu--miseensaa fi barreessaa
 - c. Abbootii Alangaa Godinaa fi Aanaalee Godinichaa keesaa kan filataman Abbootii Alangaa sadii -----miseensa
2. Miseensotni Gumii Godinaa Akkaataa dambii kana keewwata 94 keewwata xiqqaa (2) tiin kan filataman ta'a.

97. Aangoo fi Hojii Gumii Godinaa

Gumiin Godinaa Aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata,

1. Ramaddii fi jijiirraa Abbootii Alangaa Aanaalee Godinichaati taasifamu akkasumas muudama ittigaafatamtoota Waajjiiraalee Haqaa Aanaalee godinichaakaadhimamtoota dorgomsiisee yaada murtii Gumii Waliigalaatiif ni dhiyeessa.
2. Guddina sadarkaa Abbootii Alangaa Aanaalee irraa gara Godinichaatti taasifamu akkasumas muudama ittigaafatamtoota Waajjiiraalee Haqaa Aanaalee godinichaakaadhimamtoota dorgomsiisee yaada murtii Gumii Waliigalaatiif ni dhiyeessa.
3. Haqina naamusaa salphaa miseensota Gumii godinaa walitti qabaatiin ala jiran, Abbootii Alangaa Godinaa, miseensota garee Insipeekshinii Godinaa, Abbootii Alangaa aanaa fi ittigaafatamtoota Waajjiiraalee Haqaa Aanaaleetiin raawwataman ilaalee murtii ni kenna.
4. Raawwii hojii fi naamusa Abbootii Alangaa Godinicha olaantummaan ni too'ata.

98. Sirna Walgayii Gumii

1. Gumiin sadarkaa sadarkaan jiru walgayii idilee ji'a ji'an kan qabaatan ta'ee akkaataa barbaachisummaa isaatti walgayii ariifachiisaa qabaachuu ni danda'a.
2. Walgayiin Gumii sadarkaa sadarkaan jiru guutuu kan ta'u miseensota isaanii keessaa 2/3 yoo argaman qofa ta'a.
3. Murtiin gumii sagalee caalmaa miseensoota walgayii irratti argamaniin kan darbu ta'ee sagaleen walqixa yoo ta'ee yaannii walitti qabaan deeggare murtii gumii ta'a.
4. Murtiin sagalee caalmaan kan darbe yoo ta'e yaadni sagalee xiqqaa sababa isaa waaliin qaboo yaa'ii irratti galmaa'u qaba.
5. Ajandaan walgayii guyyaa walgayii dura guyyoota tokko dursee miseensota gumii dhaqqabuu qaba.

99. Garee Qulqulleessaa Komii Murtii Naamusaa

1. Gareen Qulqulleessaa Komii Murtii Naamusaa Gumii Waliigalaa miseensoota armaan gadii ni qabaata.
 - a. Hoogganaa Birootiin kan bakka bu'an abbootii alangaa lama
 - b. Abbootii Alangaa sadarkaa Birootiin kan filatamu abbaa alangaa tokko
2. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (a) tiin abbootii alangaa bakka bu'an keessaa yoo xiqqate tokko dubartii ta'u qabdi.
3. Abbootii Alangaa akkaata keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin Hoogganaan ramadaman keessaa tokko walitti qabaa garee kanaa akka ta'u hoogganaan ni ramada.

100. Aangoo fi Hojii Garee Qulqulleessaa Komii Murtii Naamusaa

Gareen Qulqulleessaa Komii Murtii Naamusaa Gumii Waliigalaa Aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1. Komii iyyannoo murtii adabbii naamusaa cimaa Gumii Waliigalaatiin kennname irratti dhiyaatee fi hoogganaan qajeelfameef ni qorata;
2. Yaada murtii Gumii waliigalatiif ni dhiyeessa.

101. Miseensummaa Gumii yookiin Garee Qulqulleessaa Komii Murtii Naamusaa Irraa Ka'uu

Miseensi tokko sababoota armaan gadiitiin miseenssummaa irraa ka'uu ni danda'a:

1. Hanqina naamusaa yookiin dadhabina hojiitiin, yookiin
2. Hojii yoo gadii lakkise.

KUTAA KUDHAN

TUMAALEE ADDA ADDAA

102. Tumaalee Ce'uumsaa

1. Balleessawan naamusaa sadarkaa himanna yookiin qoranna irra jiran akkaataa dambii duraaniitiin xumura kan argatan ta'a.
2. Hojiiwwan bulchiinsaa abbootii alangaa dambiin kun bahuun dura jalqabaman akkaataa dambii kanaatiin raawwiin isaanii kan itti fufu ta'a.
3. Abbootiin alangaaakkataa dambii ittiin bulmaataa abbootii alangaa lakk 31/1995 tiin adabaman rikardiin adabbii akkaataa dambii kana keewwata 92 tiin kan raawwatamu ta'a.

103. Aangoo Qajeelfama Baasuu

Gumiin waliigalaa raawwii dambii kanaatiif qajeelfama baasuu ni danda'a.

104. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

1. Dambiin ittiin bulmaata Abbootii Alangaa lakk 31/1995 dambii kanaan haqamee jira.
2. Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii dhimma dambii kana keessatti tumamaniin wal faallessan raawwatiinsa hin qabaatan.

105. Yeroo Dambiin kun Hojii Irra Itti Oolu

Dambiin kun guyyaa 09/11/2005 irraa eegalee kan hojii irra oolu ta'a.

Alamaayyoo Atoomsaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Finfinee, Guyyaa 09/11/2005